MANA BARUMSAA ADDAA BUQQISAA BULEETTI

GAAFFILEE SHAAKALAA SAAYINSII WALIIGALAA

KUTAA 8FFAA BARA 2016

QAJEELFAMA:

1. **Namni gaaffii kana hojjetu kamiyyuu jalqaba dabtaraa fi kitaaba osoo hin ilaalin deebii isaa hojjechuu (of qoruu) qaba.**
2. **Itti aansuun kitaaba barataa Saayinsii Waliigalaa kutaa 8ffaa fayyadamuun deeebii gaaffii kanaa barbaadee mirkaneeffachuu (ofii sororachuu) qaba.**
3. **Barataan haala jedhame kana hojiirra oolchee hunda isaa hojjetee fi sirritti hubatee yoo xiqqaate yeroo sadii torbee lama lamaan irra deebi'e yoo hojjete qabxii gaarii akka fidu amansiisaadha. kanaafuu xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun hojjetanii milkaa'uun gahee barattootaati.**
4. **Dhuma irratti erga xumurtanii booda gaaffii kana ilaalchisee yaada qabdan karaa Teelegiraama keenyaan nu qunnamuu dandeessu.**

GAAFFII KANA WALIIN TURTII GAARII !!

QOPHEESSAAN: BARSIISAA: LALISAA TAAFFASAA

I) Qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

1) Meeshaalee safara hangaa ykn qabee aadaa kan **hin** taane kami ?

A. Xaasaa B. Qaruuraa C. kuntaala D. Deebii hin qabu

2) Qaamolee safartamoo bu'uuraa kan ta'e kami ?

A. Dheerina B. Bal'ina C. Qabee D. Hunduu deebiidha

3) Safartuu bu'uuraa makaaniksii kan **hin** taane kami ?

A. Hanga B. Yeroo C. Tempireechera D. Deebii hin qabu

4) Yuuniitii waaltawaa isaa waliin kan walsimee jiru kami ?

A. Hanga (giraamii) B. Yeroo (sa'aatii)

C. Kaarentii elektirikii (ampiirii) D. Hamma maaterii (kaandeellaa)

5) Caalaan boqqolloo kuntaala kudhan yoo bite, kanneen armaan gadii keesssaa kan waliin walqixa ta'e kami ? A. 10000g B. 100 kg C. 1 toonii D. 1000g

6) Caaltuun shaayii danfisuuf jettee bishaan danfuu isaa yoo safarte safara kamtu danfuu isaa itti muli'ise. A. 212°F B. 273 k C. 121°F D. 132°F

7) Kitaabni barataa tokko dheerinni isaa 10 cm fi dalgeen isaa 0.3 m yoo ta'e bal'inni isaa meeqa?

A. 3 m^2 B. 0.3 m^2 C. 300 cm^2 D. 30 cm^2

8) Rogsadeen bal'inni isaa 10cm^2 ta'ee fi dalgeen isaa 5cm ta'e hojjaan isaa meeqa ta'a?

A. 2cm B. 0.04cm 0.4cm^2 D. 5cm

9) Siliindarii hojjaan isaa 10cm fi diyaameetiriin isaa 2cm ta' e qabeen isaa meeqa ta'a?

A. 20cm^3 B. 10cm^3 C. 31.4cm^3 D. 30cm^3

10) Kanneen armaan gadii keessaa kamtu 10mm^3 wajjin walqixa ta'a?

A. 10^{-3} m^3 B. 10^{-2} m^3 C. 10^{-8} m^3 D. 10^{-9} m^3

11) Yuuniitii humnaa kan **hin** taane kami ?

A. Niwutoonii B. Kg m/s^2 C. Kg/m^3 D. Deebii hin qabu.

12) Maxxantuu duraa wajjin kan wal simu kami?

A. Miilii (10^3) B. Heektoo(10^6) C. Deekkaa(10^1) D. Giigaa(10^{-9})

13) Safara qixxummaa fi sirrummaa ilaalchisee kamtu sirriidha ?

A. Sirrummaan qixxummaa ta'uu ni danda'a. B. Qixxummaan sirrummaa ta'uu ni danda'a.

C. Gatii dhugaatti yoo siqe qixxummaadha. D. Hunduu deebiidha.

14) Adeemsa qorannoo saayinsaawaa kan ta'e kami ? A. Of gaafachuu

B. Yaalii gaggeessuu C. Deebii tilmaamu D. Hunduu deebiidha

15) Jecha Atoomii jedhu kan moggaase eenyu? A. Aristootil B. Diimokiraatas

C . Albert Anastaayin D. A fi B n deebiidha

16) Kutaalee qaama atoomii ilaalchisee kamtu dhugaadha ?

A. Niwukilasiin qabee fi hanga guddaa qaba. B. Sheeliin hangaa fi qabee xiqqaa qaba.

C. Niwukilasiin hamma atoomii waliigalaa keessaa 1/100000 dha. D. Hunduu deebiidha.

17) Suudowwan cita atoomawaa kan ta'e kami ?

A. Niwukilasii B. Sheelii C. Niwutiroonii D. Hunduu deebiidha

18) Molaakiyuulii atoom lamee kan ta'e kami ? A. Br_2 B. CO_2 C. He D. S_4

19) Qaama atoomii chaarjii negatiivii qabu kan ta'e kami ?

A. Pirootoonii B. Niwitiroonii C. Niwukilasii D. Sheelii

20) ${}^{Z}_{Y}X$ keessatti kamtu sirriidha ? A. Yeroo hundumaa Y= p+n B. Yeroo hundumaa Y=p

C. Atoomii chaarji dhabeessaaf Z=e- D. Yeroo hundumaa Z=e-+n

21) Kompaawundoota yeroo jalqabaaf yuuriyaan irraa qophaa'e kan ta'e kami ?

A. Amooniyeem kilooraayidii B. Silvar saayaaneetii C. AgOCN D. Hunda

22) Bishaan ilaalchisee sirrii kan ta'e kami ? A. Kompaawondii orgaanikiidha.

B. Kompaawondii inorgaanikiidha. C. Molaakiyuulii atoom lameedha.

D. Faalkaa dhangala'oo qofaan argama.

23) Uumamaan madda haayidiroo kaarbooniin keessatti argamu kami ?

A. Dhuubbaa zayitii B. Gaasii uumamaa C. Dhagaa cilee D. Hunduu deebiidha.

24) Alkeenotni hundi maaliin wal fakkaatu ? A. Foormulaa keemikaalaan

B. Maxxantuu duubaan C. Baay'ina kaarbooniin D. A fi B n deebiidha.

25) Garee maatii alkiinii isa jalqabaa fi salphaa kan ta'e kami ?

A. CH_2 B. CH_4 C. C_2H_4 D. C_3H_6

26) Asiitiliinii jedhamuun kan beekamu kami ?

A. Itaayinii B. C_2H_2 C.Alkiinii jalqabaa D. Hunduu deebiidha.

27) Orgaanikiin faayidaa isaa waliin wal simee jiru kami ?

A. Foormaaliiniin iddattoo lubbu qabeeyyii tursiisuuf.

B. Foormaaldaayidiin iddattoo lubbu qabeeyyii tursiisuuf.

C. Itaanooliin urgooftuu fi dibata oomishuuf.

D. Viingariin kuduraaleen akka hin faalamneef. E. Hunduu deebiidha.

28)Haayidirookaarboonii kan hin taane kami ?

A. Asitiliinii B. Itaanoolii C. Itaayinii D. Deebii hin qabu

29) Foormulaa Ayiran(II) Oksaayidii kan ta'e kami ? A. Fe_2O B. FeO C. Fe_2O_2 D. Fe_2O_3

30) Salfarii gubuun kan argamu kami ? A. S_4 B. SO_2 C. CO_2 D. H_2

31) Waa'ee oksaayidii dhugaa kan ta'e kami ?

A. Oksaayidoonni beezawoon sibiilaala irraa uumamu

B. Oksaayidoonni asiidawoon sibiila irraa uumamu.

C. Oksaayidoonni asiidawoon bishaan waliin wal nyaachuun asiidii uumu.

D. Hunduu deebiidha.

32) Maashaan ciminaan yeroo hojjetu kan uumamu kami ?

A. Butaayirik asiidii B. laaktik asiidii C . Sitirik asiidii D. Foormik asiidii

33) Asiidonni sibiila si'aawoo waliin wal nyaachuun kan uumamu kami ?

A. Ashaboo B. Beezii C. Gaasii haayidiroojiinii D. Ayoonii haayidiroojiinii E. A fi C

34) Foormulaa salfaras asiidii kan ta'e kami ? A.H_2SO_4 B. H_2CO_3 C. H_2SO_3 D. HNO_3

35) Jijjiiramni halluu bulbula beezii agarsiisu kami ? A. Liitimasii diimaa gara cuquliisaatti

B. Feenoolfilaatiinii gara piinkiitti C. Mitaayilii burtukaana gara keellootti. D. Hunda

36) Kompaawundoota armaan gadii keessaa PH 7 ol kan qabu kami ?

A. $CaCO_3$ B. NaOH C. H_2SO_4 D. HNO_3

37) Waa'ee iskeelii PH ilaalchisee kamtu dhugaadha ?

A. Gatiin PH fi asiidummaan hariiroo kallattii qabu

B. Akkuma PH n dabaluun beezummaan ni dabala

C. Akkuma asiidummaan hir'atuun PH n ni dabala.

D. Akkuma H^+ hir'atuun asiidummaan ni dabala

38) Wal nyaatiinsa asiidotaa fi beezotaa kan ibsu kami ?

A. Wal nyaatiinsa hinbaabsawaa gaggeessu B. (H^+) fi (OH^-) ni uumama

C. Ashaboo fi bishaantu uumama. D. Hunduu deebiidha.

39) Kanneen armaan gadii keessaa ashaboon kami ? A. HNO_3 B. KOH C. KNO_3 D. Hunda

40. Uumamuu ashaboo ilaalchisee kamtu sirrriidha?

A. Ayoonii poozatiivii asiidii irraa argamuun B. Ayoonii negaatiivii beezii irraa argamuun

C. Wal nyaatiinsa asiidii fi beeziitiin D. Hunduu deebiidha.

41) Faayidaa ashaboo kan ta'e kami ? A. Mana ijaaruu B. Dhukkubsataa wal'aanuu

C. Xaa'oo oomishuu D. Hunduu deebiidha.

42) Taartaarik asiidii waliin walitti dabalamuun daabboo bukeessuuf kan fayyadu kami ?

A. $NaHCo_3$ B. KNO_3 C. NaCl D. NH_4NO_3

43) Wal nyaatiinsi haayidirookiloorik asiidii fi kaalsiyeem kaarbooneetii maal kenna ?

A. kaalsiyeem kilooraayidii B. kaarboon daayoksaayidii C. Bishaan D. Hunda

44) Maqaan asiidii foormulaa isaan walsimee jiru kami ? A. Salfsrik asiidii (H_2SO_3)

B. Naayitiriik asiidii (H_2NO_3) C. kaarboonik asiidii (H_2CO_3) D. Hunduu deebiidha

45) Asiidiin bakka argama isaa waliin wal simee jiru kami ?

A. Butayirik asiidii (farsoo) B. Aseetik asiidii (loomii)

C. Kaarboonik asiidii(ispiraayitii) D.Taartaarik asiidii (gondaa/tussee)

46) Caasaa sirna integumentarii kan ta'e kami ?

A. Gurra B. Funyaan C. Rifeensa mataa D. Xannachoota

47) Caasaa sirna integumentarii Yeroo qeensa qorannu muramee lafa bu'u kami ?

A. Hundee qeensaa B. Pileetii qeensaa C. Xurii qeensaa D. Qarqara qeensaa

48) Xannachoota gogaa keessaa kan faana miillaa fi barruu harkaa keessatti hin argamne kami ?

A. Xannacha dafqaa B. Xannacha zayitaa C. Xannacha rifeensaa D. Hunduu deebiidha.

49) Faayidaa sirna integumentari kan ta'e kami ? A. Yeroo qorraa hoo'a qusachuuf

B. Yeroo hoo'i dabalu xiqqeessuuf C. Qaamarraa balaa ittisuuf D. Hunduu deebiidha

50) Dhukkuboota gogaa keessaa kan vaayirasiin dhufu kami ?

A. Hoo'ichoo B. Kaanserii C. Gifira D. AIDS

51) Dhukkubni cufamuu daandii xannacha zayitaan dhufu kami ?

A. Fanxoo B. Cittoo C. Finniisa D. Baarillee

52) Amala addaa seelota maashaa kan ta'e kami ?

A. Caasaa maayoofilaamentii qabaachuu B. Dandeettii kottoonfachuu fi diriirfachuu

C. Faayibaroota maashaa irraa ijaaramu D. Hunduu deebiidha

53) Maashaa fedhii kan ta'e kami ? A. Maashaa lafee dugdaa B. Maashaa quba harkaa

C. Maashaa lafee mo'oo D. Hunduu deebiidha

54) Maashaan boqonnaa tokko malee hojjetu kami ?

A. Maashaa saffaa B. Maashaa injichaa C. Maashaa onnee D Hunda

55) Tishuun walqabsiiftuu lafee fi maashaa kami ?

A. Faayibaroota B. Maashaa C. Viilaayi D. Ribuu

56) Faayidaa maashaa kan ta'e kami ? A. Ho'a qaamaa dabaluu

B. Sochii qaamaa taasisuu C. Boca qaaamaa eeguu D . Hunduu deebiidha

57) Garee dhukkuboota dhaalaan daddarbanii kan ta'e kami ?

A. Qindoomina dhabuu maashaalee B. Kaanserii C. Ucubaa D. Deebii hin qabu

58) Lafeewwan mataa keetii lakkkoofsaan meeqa ? A. 1 B. 19 C.29 D. 39

59) Namni fayyalessi tokko lafee mo'oo meeqa qaba ? A. 1 B. 2 C. 3 D.4

60) Faayidaa buusaa kan hin taane kami ? A. Rigata lafee ittisuu B. Lafee wal qabsiisuu

C. Lafee bakkatti eeguu D. Deebii hin qabu

61) Waa'ee lafee nama ga'eessa ilaalchisee kamtu sirriidha ? A. Lafee cinaachaa (24)

B. Lafee dugugguruu (26) C. Lafeen harmaa tokko D. Hunduu deebiidha

62) Waa'ee buusaa illalchisee kamtu sirriidha ?

A. Bakka buusaan jiru hundatti sochiin lafee ni jira

B . Bakka sochiin lafee jiru hundatti buusaan ni jira

C. . Buusaan gonkuma sochii hin taasisne hin jiru

D. Sochiin mormaa buusaa walqabsiistuudha.

63) Buusaa diriiraa kan ta'e kami ? A. Buusaa qubaa B. Buusaa dugugguruu

C. Buusaa cinaachaa D. Buusaa jilbaa

64) Gosoota buusaa keessaa kallattii tokko qofatti kan socho'u kami ? A. Buusaa diriiraa

B. Buusaa walqabsiistuu C. Buusaa piivootii D. Buusaa lafee fuulaa

65) Kallattii hundaan socho'uu kan hin dandeenye kami ? A. Buusaa mo'oo

B. Buusaa gateettii C Buusaa mormaa D. Deebii hin qabu

66) Faayidaa sirna lafee namaa kan ta'e kami ?

A. Sochii B. Boca qaamaa C . Seelota dhiigaa oomishuu D. Hunduu deebiidha

67) Lafeen namaa akka cabuuf sababa kan ta'u kami ? A. Osti'ooporosisii B Cawwee

C. Haphachuu fi qallachuu lafee D. Balaa tasaa E. . Hunduu deebiidha

68) Akka lafeen wal gadhiisuuf sababni maali ?

A. Morgi fiixee lafee dhumuu B. Paatoojiinota C. Osti'oo- artiritisii D. Osti'ooporosisii

69) Tartiiba daandii ujummoo sooratаa kan ta'e kami ?

A. Afaan, isoofagasii, laagaa, garaacha B. Afaan, isoofagasii, garaacha, tiruu

C. Afaan, isoofagasii, garaacha, mar'imaan qallaa D. Hunduu deebiidha

70) Namni ga'eessi tokko ilkaan duree meeqa qaba ? A. 4 B. 2 C. 8 D. 16

71) Ilkaan gara duubaan dhuma irratti argamu maal jedhama ?

A. Daadee B. Adaadee C. A'oo D. A fi C

72) Foormulaa ilkaanii waliin kan wal qabatu kami ?

A. Gosti ilkaan a'ama gubba fi jalaa wal fakkaata.

B. Lakkoofsaa fi gosa ilkaanii gabaabsuun barreessuudha

C. Ilkaan nama ga'eessaa 32 D Hunduu deebiidha.

73) Tiruu fi rajiijii ilaalchisee kan sirrii **hin** taane kami ?

A. Keemikaala maddisiisuu B. Ujummoo nyaataa waliin hariiroo qabu

C. Bullaa'iinsa nyaataa keessatti gahee olaanaa qabu. D. Deebii hin qabu.

74) Dhangaalee nyaataa keessaa kan bullaa'iinsa hin barbaanne kami ?

A. Albuuda B. Vaayitaaminii C. Bishaan D. Hunduu deebiidha

75) Bullaa'iinsa nyaataa adeemsa fiizikaalaa kan **hin** taane kami ?

A. Daabboon afaan keessatti garamaaltoosiitti B. Coomni hadhooftuun cicciramuu

C. Nyaanni dhangala'oo garaachaan wal makuu D. A fi B

76) Istaarchii gara maaltoosiitti kan jijjiiru kami ?

A. Amilasii rajiijii B. Amilasii hancufaa C. Tayaaliini D. Hunduu deebiidha

77) Inzaayimiin rajiijii irraa maddu kami ?

A. Lippeesii C. Laakteesii C. Maalteesii D. hunduu deebiidha

78) Waa'ee inzaayimii garaachaa sirrii kan **hin** taane kami ?

A. Peepsiiniin pirootiinii gara peeptooniiitti jijjiira

B. Reeniiniin pirootiinii aannanii bulleessa

C. Peepsiinii fi reeniiniin dhaaba garaachaa keessaa maddu. D. Deebii hin qabu.

79) Sukkaar tokkee kan ta'e kami ? A.Gulukoosii B. Firuktoosii C. Gaalaaktoosii D. Hunda

80. Dalagaa sirna bullaa'iinsa nyaataa kan ta'e kami ? A. Nyaata fudhachuu

B. Nyaata bulleessuu C. Xuraawaa dhabamsiisuu D. Hunduu deebiidha

81) Tartiiba caasaalee sirna hargansuu alaa gara keessatti sirrii kan ta'e kami ?

A. Funyaan, tiraakiyaa, laarniksii, biroonkayii

B. Funyaan, tiraakiyaa, bironkayii, laarniksii,

C. Funyaan, tiraakiyaa, biroonkayii, biroonkiyoolsii

D. Funyaan laarniksii, laagaa, tiraakiyaa

82) Kamtu dhukkuba alviyoolaayiiti ?

A. Saayinasii B. Imfasiimaa C. Viilaayi D. Diyaafiramii

83) Dalagaa sirna hargansuu kan **hin** taane kami ?

A. CO_2 alatti baasuu B. O_2 qaamaan gahuu

C. Rifeensa funyaan keessaan qilleensa diilalleessuu D. Hunduu deebiidha

84) Dhiiga oksijiiniin itti baay'ate kan geejjibu kami ?

A. Venterikilii bitaa B. Oorikili bitaa C. Atriyamii bitaa D. Hunduu deebiidha

85) Huutuun oorikilii fi venterikili mirgaa gidduutti argamtu kami ?

A. Huut lamee B. Hut sadee C. Huut gaamis baati D. Huutuu atriyoo ventirikularii

86) Kutaalee onnee keessaa kan dhaaba furdaa fi maashaa jabaa qabu kami ?

A. Ventirikilii bitaa B. Oorikilii bitaa C. Oorikilii mirgaa D. Hunduu deebiidha

87) Ujummoolee dhiigaa keessaa kan furdinaan caalu kami ? A. ujummoo dhiiga deebistuu

B. Ujummoo dhiiga raabsituu C. Kaappilaroota D. Seelota dhiigaa

88) Waa'ée seelota dhiigaa ilaalchisee kan sirrii hin taane kami ?

A. Seeliin dhiiga adii hammaan guddaadha B. Seeliin dhiiga adii halluu adii qaba

C. Seeliin dhiiga diimaa halluu diimaa qaba. D. Deebii hin qabu

89) 1. Veenaakaavaa 2. A'ortaa 3. Piluminarii dhiiga raabsituu

4. Piluminarii dhiiga deebistuu 5. Oorikilii mirgaa 6. Oorikili bitaa

7. Venteriikilii mirgaa 8. Venteriikilii bitaa 9. Somba

Tartiiba marsaa dhiigaa kan ibsu kami ? A. 1,5,7,4,2,9,3,6,8 B. 2,5,7,4,9,3,6,8,1

C. 5,7,1,3,9,4,6,8,2 D. 1,5,7,3,9,4,6,8,2

90) Marsaa dhiigaa qeentee kan gaggeessu kami ?

A Bofa B. Lootuu C. Qurxummii D. Huduu deebiidha

91) Amaloota saal-duraa dhalaa kan ta 'e kami?

A. Gadameessa B. Laguu C. Guntutuu D. Hunduu deebiidha

92) Sanyiin kormaa dhiiraa eessatti qophaa'a ?

A. Tuffee B Qunxurroo C Cidhaan D Qola Cidhaanii

93) Sanyii kormaa gara ujummoo fincaanii dhiiraatti kan geessu kami?

A. Yuureetiraa B. Vaas-diifaransii C. Cidhaan D. Piroosteetii

94) Fartilaayizeeshiniin eessatti gaggeeffama ?

A. Oovaarii B. Gadameessa C. Ujummoo oovaarii D. Dhaaba gadameessaa

95) Dubartiin abbaa manaa qabdu tokko yoo gaafa 1/6/2016 laguu argite tilmaamaan carraa ulfaa'u kan qabdu yoomi ?

A. 1/6/2016 B. 14-27/6/2016 C. 12-16/6/2016 D. 17-21/6

96)Dhukkubni Baakteeriyaa Heemoofilas Duukreeyii jedhamuun dhufu kami ?

A. Fanxoo B. Cophxoo C. Abbaa seeru D. Baarillee

97) Karaan guutummaa guutuutti Dhukkuba HIV/AIDS ittisuuf gargaaru kami?

A. Wal dhungachuu B. Kondomi fayyadamu

C. Michuu tokko qofa qabaachu D. Hunda

98)Sirnakkoo keessatti kan hin haammatamne kami ? A. Hariiroo orgaanizimootaa

B. Lubbu maleeyyii C. Lubbu qabeeyyii D. Deebii hin qabu

99) Ruqoolee lubbu qabeeyyii kan ta'e kami ? A Marga B. Biyyee C. Bishaan D. Hunda

100) Ruqoolee lubbu maleeyyii kan ta'e kami?

A. Ifa aduu B. PH C. Tempireechera D. Hunda

101) Hariiroo sanyiiwwan gara garaa gidduu ta'ee sanyiin tokko guddina isa biro gufachiisu kami ?

A. komensaaliizimii B. Amensaaliizimii C. Maxxantummaa D. Piriideeshini

102) Gosoota hariiroo baayoloojikaalaa keessaa kan miidhaa hin qabne kami ?

A. Wal utubbii B. Koomensaalizimii C. Piriideeshinii D. A fi B

103) Hariiroo soorataa ilaalchisee kamtu sirriidha?

A. Bineeldotni hunduu soorattoodha

B. Soorattoon foonii gulantaa soorataa irraa lamaan hir'ata

C. Funcaa soorataa keessatti orgaaniizimiin tokko orgaaniizimii tokko qofaan sooratama

D. Hunduu deebiidha

104) Hariiroo soorataa ilaalchisee kan soba ta'e kami ?

A. Gulantaa soorataa tokkoffaan awutootiroofota

B. Gulantaan soorataa sadaffaan heetirootiroofota.

C. Gulantaa soorataa lammaffaan qopheessitoota

D. Deebii hin qabu

Gaaffii 105 fi 106 hariiroo soorataa armaan gadii irratti hundaa'uun deebisi.

Marga----------Kuruphee----------Leenca

105) Gulantàa sorataa meeqa irraa ijaarame ? A. 1 B. 2 C. 3 D 6

106) Leenci soorattoo foonii meeqaffaadha ? A. 1 B. 2 C. 3 D. 4

107) Wantoota orgaanikii lubbu qabeeyyii sirnakkoo keessatti argamanii ta'ee ulfaatina kan ibsu kami ?

A. Piraamidii lakkoofsaa B. Piraamidii anniisaa C. Piraamidii baayomaasii D. Hunda

108) Waa'ee piraamidii baayoloojikaalaa ilaalchisee kamtu sirrii dha ?

A. Hamma anniisaa mul'isa. B. Baay'ina orgaanizimootaa mul'isa

C. Ulfaatina orgaanizimootaa mul'isa D Hunduu deebiidha

109) Elementoota qaama lubbu qabeeyyii ijaaran kan hin taane kami ?

A. Haayidiroojiinii B. Kaarboonii C. Foosfarasii D. Deebii hin qabu

110) waa'ee anniisaa ilaalchisee kamtu sirriidha?

A. Anniisaan hir'ataa deema B. Anniisaan hin naanna'u

C. Soorattoon margaa soorattoo foonii caalaa anniisaa argatu. D. Hunda

111) Qabeenya uumamaa kan hin taane kami ?

A. Biqiloota B. Qilleensa C. Peetirooliyeemii D. Deebii hin qabu

112) Baqqaana gubbaa biyyee kan agarsiisu kami ?

A Albuuda kan hin qabneedha. B.Lubbu qabeeyyii kan of keessaa hin qabneedha

C. Albuudni kan keessatti kuufameedha D. Kutaa biqiloota sirriitti utubee qabuudha

113) Gosoota biyyee armaan gadii keessaa hamma guddaa kan qabu kami ?

A. Biyyee suphee B. Biyyee sondii C. Biyyee cirrachaa D. Biyyee gidduu

114) Gosoota biyyee keessaa dandeettii bishaan qabachuu olaanaa kan qabu kami ?

A. Biyye cirrachaa B. Biyyée sondii C. Biyyee suphee D. Irra lafaa

115) Amala biyyée gabbina qabuu kan ta'e kami ? A. Gadi fageenya qabaachuu

B. Wantoota summaa 'oo dhabuu C. Bakka qilleensaa gahaa qabaachuu D. Hunda

116) Ruqoolee qilleensaa keessaa kan hamma olaanaan argamu kami ?

A. Oksijiinii B. Naayitiroojiinii C. Hiiliyeemii D. Kaarboondaayoksaayidii

117) Faayidaa bosonaa kan hin taane kami ? A.Madda roobaati B. Naannoo miidhagsa

C. Madda kaarboondaayoksaayidiiti C. Deebii hin qabu

118) Tooftaa kunuunsa lubbu qabeeyyii bakka jireenyaattii kan ta'e kami ?

A. Paarkii biqilootaa B. Paarkii biyyoolessaa C. Horsiisa tishuu D. Sanyii kuusuu

119) Beekumsa xabboo kan ta'e kami ? A. Sanyii filachuu B. Tiraakteraan qotuu

C. Farra aramaa biifuu D. Hunduu deebiidha

120) Bosona ciruun kanneen armaan gadii keessaa isa kam hir'isa ?

A. Hoo'a addunyaa B. Gammoojjummaa C. Dhiqama biyyyee D. Hamma roobaa

121) Qaamolee sirna soolaarii kan ta'e kami ?

A. Pilaanetoota B. Koometoota C. Astirooyidoota D. Hunduu deebiidha

122) Handhuura sirna soolaarii kan ta'e kami ? A. Lafa B. Aduu C. Ji'a D. Pilaanetoota

123) Saffisni ifni aduu lafa dhaqqabuuf itti fudhatu meeqa ?

A. 0.133 hr B. 8 min C. 480 sec D. Hunduu deebiidha

124) Atimoosferii aduu kan ta'e kami ?

A. Footoosfeerii B. Kiroomoosferii C. Koronaa D. Hunduu deebiidha

125) Pilaaneetiin obboleettii lafaa jedhamuun beekamtu kami ?

A. Lafa B. Saatarni C. Veenusii D. Meerkurii

126) Kanneen armaan gadii keessaa pilaaneetiin aduutti dhiyeenya qabdu kami ?

A. Lafa B. Meerkurii C. Veenusii D. Juppitarii

127) Yeroo jalqabaaf pilaaneetii yuuraanusii kan arge eenyu ?

A. Gaalaaliyoo Gaalili B. Wiiliyaam Hereescheel C. Yuurooppaa D. deebii hin qabu

128) Addeessa juppitarii kan ta'e kami ?

A. Kaalistoo B. Fooboosii C. Diimoos D. Bakkalcha

129) Ulaagaan pilaaneetii duwaarfii jechisiisu kami ? A. Addeessa kan hin ta'in

B. Oorbiiitii mataa ofii kan hin qabne C. Aduurra naanna'uu D. Hunduu deebiidha.

130) Pilaaneetota duwaarfii keessaa kan aduutti siqee argamu kami ?

A. Piluutoo B. Seeriis C. Eeris D. Deebii hin qabu

131) Daakuu salfarii gubuun aara isaa kuusnee yoo bishaan itti copsine maaltu uumama ?

A. Beezii B. Asiidii C. Oksaayidii D. Oksaayidii fi bishaan

132) Gaasota mana magariisaa kanneen jedhaman kami ?

A. Kaarboondaayoksaayidii B. Miiteenii C. Oksaayidii naayitireesii D. Hunda

133) Maaginetiin amalli maagineetummaa isaa yeroo dheeraaf turu kami?

A. Maaginetii sinsinnee B. Maaginetii gonnonnee C. Mismaara maaginetiin rigame D. B fi C

134) Meeshaan waa'ee pilaaneetotaa lafarra taa'uun qoratu maal jedhama ?

A. Astiroonoomii B. Teleskooppii C. Ispees kiraaft D. Mootora hawwaa

135,) Pilaaneetii jooviyaanii kan ta'e kami ? A. Juppitarii B. Maarsii C. Veenusii D. Lafa

136) Pilaaneetiin duwaarfii maarsii fi juppitarii gidduutti argamtu kami ?

A. Piluutoo B. Eeriis C. Seeriis D. Makmaakee

137) Saatalaayitoonni namtolchee walqunnamtiidhaaf lafarra marsan meeqa ?

A. 2666 B. 1007 C. 97 D. 257

138) Lafti siiqqee isheerra naanna'uuf hammam itti fudhata ?

A. Waggaa 1 B. Sa'aatii 24 C. Sa'aatii 12 D. Guyyaa 365 E. A fi D

139) Seera balaqqeessa'uu ifaa kan ta'e kami ?

A. Kofti battallee fi ijaajjoon dirra tokko irratti argamu

B. Xiyyi balaqqeessa'uu fi kofti battallee dirra tokko irratti argamu

C. Kofti battallee fi kofti balaqqeessa'uu walqixa. D. Hunduu deebiidha

140) Ifti madda ifaa irraa ka'ee wantoo irra qubatu kami ?

A. Xiyya balaqqeessa'uu B. Xiyya battallee C. Ijaajjoo D. Balaqqeessa'uu ifaa

141) Ifti yaa'a maaterii tokko keessa gara biraatti yammuu darbu kalllattii isaa jijjiiruun maal jedhama ? A. Balaqqeessa'uu ifaa B. Dabee darbuu ifaa

C. Bittinnaa'uu ifaa D. Vaakiyuumii ifaa

142) Tartiiba ispektiramii ifaa firiikuweensii xiqqaa gara guddaatti kan ta'e kami ?

A. Diimaa, burtukaana, keelloo, magariisa B. Diimaa, keelloo, magariisa, burtukaana.

C. Hamara, indiigoo, cuquliisa, magariisa D. Indiigoo, magariisa, cuquliisa, diimaa

143) Amala fakkaattii daawwitii diriiroon uumamuu kan ta'e kami ?

A. Fageenya wantoon walqixa qabu. B. Hojjaa wantoon walqixa qabu

C. Bitaa fi mirgatti fuggifamaadha D. Hunduu deebiidha

144) Sagaleen akka uumamuuf kan murteessan kami ?

A. Qaama hollatu B. Yaa'a keessa darbu C. Qaama dhagahu D. Hunduu deebiidha

145) Kan sagaleen saffisa guddaan keessa daddarbu kami ?

A. Bishaan B. Muka C. Qilleensa D Vaakiyuumii

146) Firikuweensii sagalee miirawaa kan ta'e kami ?

A. 20 Hz -- 20000 Hz B. 20 Hz -- 200 Hz C. 20Hz gadi D. 20000Hz oli

147) Xiyyi ifaa battallee 60^0 sarara ijaajjoo irraa qabu qaama dhangala'oo (n=1) rukutuun kofa digirii meeqaan dabee darbee rukkina optikaalaa (n=1.44) ta'a ?

A. 60^0 B. 40^0 C. 120^0 D. 37^0

148) Saffisni sagalee qilleensa keessaa temporeechera 98.6^0 F irratti meeqa ta'a ?

A. 343.5 m/s B. 353. 7 m/s C. 390.6 m/s D. 373 m/s

149) Dhiibbaan faalama sagaleen dhufu kami ? A. Daa'imman dhageessisuu

B. Hirriba baay'isuu C. Dhiibbaa dhiigaa D. Hunduu deebiidha.

150) Faayidaan gohaa maali ? A. Isteetoskooppii B. Teleskooppii

C. Maayikirooskoopii D. Deebii hin qabu

151) Shaayii ho'aa burcuqqoo keessa jiru dhuguuf yoo harka nu gube ho'i kun karaa kamiin darbe ? A. Konveekshinii B. Tuqaatii C. Madana D. Dabarsoo ifaan

152) Kaarentiin elektirikii qabxii tokko irraa gara qabxii biraatti yaa'uuf maal barbaada ?

A. Daandii banaa B. Daandii cufaa C. Daandii dheeraa D. Daandii qajeelaa

153) Maagineetiin uumamaan argame kami ?

A. Dhagaa liidii B. Makaa ayiranii C. Maaginiiziyeemii D. Deebii hin qabu

154) Amala maaginetii kan ta'e kami ?

A. Bantoowwan wal fakkaatan wal dhiibu B. Bantoowwan wal fakkaatan wal harkisu

C. Humni maagineetii naannoo bantoo cimaadha D. Hunduu deebiidha

155) Sirnakkoo lubbu qabeeyyii keessatti kan marsaa hin taasisne kami ?

A. Nayitiroojiinii B. Anniisaa C. Albuuda D. Deebii hin qabu

156) Lafti aduurraa meeqaffaa irratti argamti ? A. 1 B. 2 C. 3 D. 4

157) Voolkaanoon guddaan sirna soolaarii maal jedhama ?

A. Foobosii B. Olinpas moonsii C. Voolkaanoo socho'aa C. Voolkaanoo riphaa

158) Addeessi guddaan sirna soolaarii kami ?

A. Gaanimeedaa B. Yuurooppaa C. Kaalistoo D. Hundui deebiidha

159) Pilaaneetii duwaarfii keessaa kan addeessa hin qabne kami ?

A. Makmakee B. Eeris C. Seeriis D. A fi C n deebiidha

160) Pilaaneetiin siiqqee isaarra gara boodaatti naanna'u kami ?

A. Veenusii B. Yuraanusii C. Neeptuunii D. A fi B.n deebiidha

XUMURAMEERA!!